Biiroo Barnootaa Bul.MagaalaaFinfinneetti

Qophaa’ee kan isiniif dhiyaatu Sagantaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1ffaa Seemisteera 2ffaati.

Qopheessaan:- Dhufeeraa Daanyeeti.



Barannoo 14 ffaa

Boqonnaa 17: Himoota dubbisuu

Kaayyoo barnootichaa

Dhuma barannoo kanaa booda barattoonni:

1) Jechoota walitti fiduun himoota ni ijaartu.
2) Himoota gagabaaboo ni dubbistu.
3) Maalummaa himaa ni ibsitu.
4) jechoota tartiibeessuun himoota ni barreessitu.

Gocha

- 1) Hima jechuun maal jechuudha?
  2) Himoota dubbistanii beektuu?
  3) Himni maal irraa ijaarama?

Hima

- Himni garee jechootati

  Jechootni walitti qindaa'uun hima uumu.

- Himni tokko hima kan jedhamu yoo ergaa guutuu dabarsuu danda'eedha.

  Himni Caasaadhaan jecha irra dheeraadha.

Fakkeenya,

Buna

Lafa

Kan itti fufe....

- mana
- muka

Kanneen armaan olitti barreeffaman kun hunduuu jechadha.

Ayyaantuun buna danfiste.

Caaltuun mana qulqulleesite.

Abbaan Boonaan barsiisaadha.

Himootni armaan olii kana kan Himoota isaan taasisu jechootarra ijaaramuu isaaniti

Kan itti fufe.....

- Kanafuuf, Himni caasaadhan jecha irra dheeraadha.
- Hima Hima kan isa taasisu yoo ergaa guutuu dabarsuu dandanda'e qofaadha.
- Himni tokko caasaadhan jechaa ol ta'ee ergaa guutuu dabarsuu hin dandeenye taanan Hima jechuun hin dandeenyu.

Shaakala Himoota dubbisuu

- Himoota armaan gadii dubbisi.

1) Roobaan barataa cimaadha.
2) Oromoon Farda jaallata.
3) Boontuun kitaaba dubbisti.
4) Ijoolleen kubbaa taphatu.
5) Tolaan mana barumsaa deeme.

Gilgaala

Jechoota armaan gadii walitti fiduun hima barreessi.

- Fakkeenyaf, Iftuun / Adaamaa/ jiraatti

  Iftuun adaamaa jiraatti

1) Boonaan / Kitaaba / dubbisuu / jaallata.

_____

2) Tolaan/ lukkuu/ horsiisa

_____

3) Odaan/ mallattoo/ Oromooti

_____

Kan itti fufe.....

4) ijoolleen/ Kubbaa / taphatu.

 _____

5) Abbaan /Abbaan Ifaa/ barsiisaadha.

 _____

Deebii

1) Boonaan/ kitaaba / dubbisuu/jaallata

 Boonaan kitaaba dubbisuu jaallata.

2)Tolaan/ lukkuu/ horsiisa

 Tolaan lukkuu horsiisa.

3) Odaan/ mallattoo/ Oromootaati

 Odaan mallattoo oromootaati.

4) ijoolleen/ Kubbaa/ taphachaa/ jiru.

 Ijoolleen Kubbaa taphachaa jiru.

5) Abbaan/ Ifaa/ barsiisaadha.

 Abbaan Ifaa barsiisaadha.

Ka itti fufe....

Jechoota armaan gadii tartiibeessuun Hima barreessi!

1) Mana /Tolaan/ barumsaa/deeme.

_____

2) Kutaa/ Boonaan/ barataa/1ffaati.

_____

3) Abbaan/barsiisaadha/Tolaa.

_____

Deebii

1) mana/ Tolaan/ barumsaa/ deeme

Tolaan mana barumsaa deeme.

2) kutaa/ Boonaan/ barataa/ 1ffaati

Boonaan barataa kutaa 1ffaati.

3) Abbaan / barsiisaadha/Tolaa

Abbaan Tolaan barsiisaadha.

Gilgaala

Jechoota filadhuu bakka duwwaa irratti gguut

1) Caalaan _____isaa miiccate.

A) uffata B) bishaan C) Kitaaba

2) Boonaafi Hawwiin _____ dubbisu.

A) Kubbaa B) kitaaba C) Qalama

3) Tolaan _____ isaa yaabbatee Finfinnee deeme

A) Farda B)Harree C) saree

4) kumaa _____isaa filate

.A) Ilkaan B) rifeensa C) bishaan

5) Barattoonni barnoota_____dhaggeeffachaa jiru.

A) raadiyoo B) qilleensa C) aduu

Deebii

- 1) A
  2) B
  3) B
  4) C
  5) A

Cuunfaa Barannoo

- Himni garee jechootaati.
- Jechoonni walitti qindaa'anii hima uumu.
- Himni Caasaa isaatiin jecharra dheeradha.
- Himni tokko hima jedhamuuf ergaa guutuu dabarsuu qaba.
- Ergaa guutuu dabarsuu hin dandeenye taanan hima jechuun him danda'amu.

Hojii manaa

- Jechoota armaan tartiibeessuun hima barreessi.

1) Dhufte/ kaleessa/ Iftuun.

_____

2) Buna/ Caaltuun / dhugde.

_____

3) Roobaa/ Bookkaan/ jira.

__ _____

XUMURAMEERA!

KOROONAA IRRAA OF EEGAA!!!